የኢትዮጵያ ልማት ባንክ

Development Bank of Ethiopia

# Qajeelfama Gabaabaa Tajaajila Faayinaansii Liizii /Tajaajila Bittaa Maashinaa/

Baankiin Misooma Itoophiyaa

Michuu Misoma Kessanii!



## Seensa

Baankiin Misooma Itoophiyaa misooma waliigalaa fi guddina dinagdee biyyaa keessatti gahee olaanaa akka bahatuuf ergamni guddaan itti kennamee liqii yeroo giddu-galeessaa fi yeroo dheeraa dameewwan dinagdee mootummaadhaan dursi kennameef, tajaajila faayinaansii liizii, Intarpiraayizoota Xixiqqaa fi Giddugaleessaaf akkasumas tajaajila liqii biroo kenna.

Baankiin Misooma Itoophiyaa Intarpiraayizoota Xixiqqaa fi Giddugaleessaaf tajaajila bittaa maashinaa /tajaajila faayinaansii liizii/ akka dhiyeessuuf Labsii Mootummaa Lakk 103/1998 (Labsii fooyya'een ammo Lakk 807/2013, Qajeelfama Baankii Biyyooleessa Itoophiyaan qophaa'e akkasumas Poolisii Baankichaan qophaa'e qaama ilaallatuun ragga'ee mirkanaa'eera.

## Tajaajilli Faayinaansii Liizii /Bittaan Maashinaa Maali/?

Tajaajilli faayinaansii liizii gosoota liizii keessaa tokko yoo ta'u, innis kireeffataan maashinaa yookaan meeshaa kaappitaalaa ittiin omishuuf bu'uura waliigaltee kireessaa maashinaa waliin godhameen yeroo murtaa'e keessati kiraa kaffalu jechuudha. Tajaajila faayinaansii liizii keessati:-

- Maashinni maamila kireeffatuuf dhiyaatu karaa Baankii qaama sadaffaarraa, omishtoota maashinaa yookaan dhiyeessitoota irraa akkaataa filannoo issaaniitiin yookaan mankuusa keessaa kan dhiyaatu ta'a;
- Kireessaan maashinaa (Baankii Misooma Itiyoophiyaa) yeroo waliigaltee liiziitti meeshaalee kaappitaalaa irratti mirga abbummaa guutuu ni qabaata;
- Waliigaltee qaamolee lamaan gidduutti taasifame irratti hundaa'uun kireeffataan, yeroon turtii liizii erga xumuramee booda meeshaalee kaappitaalaa gatii waliigaltee irra ga'meen guutummaatti bitachuuf filannoo qabaachuu ni danda'a;
- Tajaajilli faayinaansii liizii gama liizii faayinaansii, liizii hojii ykn bittaa kiraatiin kennamuu danda'a.

- Gosti mala faayinaansii liizii Baankiin Misooma Itoophiyaa maamiltootaaf dhiyeessu bittaa yookaan tajaajila kiraa jedhama.

## Faayidaawwan Tajaajila Faayinaansii Liizii

Tajaajilli faayinaansii liizii Baankii Misooma Itiyoophiyaatiin kennamu faayidaawwan armaan gadii qabaa.

- Carraa hojii lammiileef uuma;
- Omishaafi omishtummaan akka dabalu taasisa;
- Meeshaalee biyya alaarraa galan biyya keessatti akka omishamu gochuun sharafni biyya alaa akka qusatamu godha;
- Cee’umsa teknooloojiif gahee olaanaa taphata;
- Omisha gabaa addunyaarratti dorgamaa ta’e omishuun sharafa biyya alaa argamsiisuuf gargaara;
- Tajaajilli faayinaansii Liizii dameen/sektarri qonna akka ammayyaa’u gochuun omishni akka hin qisaasamne darbee ammoo omishaafi omishtummaan akka dabalu gahee olaanaa taphata.

Walumaagalatti, tajaajilli faayinaansii liizii Intarpiraayizoonni xixiqqaafi giddugaleessaa guddina dinagdee keessatti qooda olaan taphachuun jijjiirama caasaa dinagdee /structural transformation/ biyyaa dhugoomsuuf gumaacha olaanaa godhu.

## Tajaajila Faayinaansii Liizii argachuuf Qaamoleen ulaagaa guutan yookaan gahumsa qaban Eenyu fa'i?

- Intarpiraayizoota Xixiqqaa fi Giddugaleessaa kanneen sababa wabii ykn qabeenya /collateral/ dhiyeessuu hin dandeenyeefi liqaa Baankii argachuuf gahumsa hin qabne ilaallata. Intarpiraayizoonni xixiqqaa fi Giddugaleessaa kaappitaalli isaanii fooyyee waan qabuuf Dhaabbilee Maayikiroo Faayinaansii irraa tajaajila baankii hin argatan. Rakkoo isaanii kana furuudhaaf Baankiin Misooma Itiyoophiyaa tajaajila faayinaansii liizii qaamolee kanaaf diriirsee jira. Intarpiraayizoonni kunneen tajaajila kana argachuudhaaf kaappitaala ka'umsaa yoo xiqqaate qarshii 500,000 (kuma dhibba shan) hanga kaappital qarshii 15,000,000 (miliyoona kudha shan) tilmaamamu qabaachuun dirqama ta'a.

- Tajaajila kana argachuudhaaf kaappitaala xiqqaan akka ulaagaatti guutamuu qabu armaan olitti caqasamullee, Baankiin Misooma Itiyoophiyaa maamiltoota armaan gadiitiif kaappitaala waliigalaa gatii meeshaalee Kaappitaalaa Liizii wajjin wal gitu fudhachuun tajaajila ni kenna.



- Waldaa Hojii Yuuniyeenii Omishtootaa,
- Yuuniyeenii Dargaggootaa,
- Yuuniyeenii Dubartootaa, fi
- Yuuniyeenii Qaama Miidhamtootaa

Maamiltoonni/dhaabbileen/ armaan olitti tarreeffaman ergamaa fi kaayyoo Baankii Misoomaa Itiyoophiyaa waliin akka walsimuuf dameelee mootummaan dursa kennaman irratti bobba'uu/hirmaachuu qabu.

Tajaajila faayinaansii liiziitiin hojiiwwan Baankii Misooma Itoophiyaatiin dursi kennamu:

- Makaanaayizeeshinii Qonnaa,
- Horsiisa Lukkuu,
- Horsiisa Kanniisaaa,
- Horsiisa Beeyladaa,
- Omisha Midhaan zayitaa,
- Omisha fuduraalee fi muduraalee,
- Omisha Leemmanaa,



- Omisha Faayibara/ Sisal production/,
- Omisha Suufii/Silk production/,
- Omisha Jirbii,
- Omisha Sanyii Fooyya'aa,  fi
- Omisha Bunaati

Tajaajilli makaanaayizeeshinii Qonnaa tajaajiloota armaan gadii ofkeessatti hammata:

- Tajaajila qotisa lafaa, lafa qotisaa qopheessuu akksumas hojiiwwan kanaan walitti hidhata qabaatanii fi
- Tajaalia midhaan sassaabuu,

Kanneen armaan gaditti tarreeffaman Industiriiwwan galtee Qonnaa fayyadamanidha:

- Aannan sona itti dabalanii omishuu,
- Omisha foon lukkuu (foon lukkuutti sona dabalanii omishuu),
- Mi'eessituu fi qoricha biqilootarraa hojjetamu,
- Omisha qurxummii nyaataa (qurxummiitti sona dabalanii omishuu),
- Omisha zayita nyaataa (Zayita nyaataa cuunfuu fi qopheessuu),
- Warshaa daakuu,
- Omisha fuduraalee fi muduraaleetti sona dabaluun omishuu,
- Tajaajila nyaata qopheessuu,

Industiriiwwan omishaa keessatti kanneen hammataman:

- Omisha kal'ee /qodaa/ fi bu'aawwan kal'ee /qodaa/,
- Omisha huccuu fi  uffataa,

- Meeshaalee sibiila ta'anii fi hin taane omishuu,
- Meeshaalee manaa muka irraa hojjetaman omishuu,
- Hojiilee harkaan bocaman omishuu,
- Omisha saamunaa fi qulqulleessituu omishuu,
- Omisha faayaalee,
- Omisha halluuwwanii fi kanneen birooti

Induustirii ijaarsaa keessatti kanneen hammataman:

- Bilookeetii ijaarsaaf oolu, hujumoo akkasumas xuubii,
- Omisha utubaa konkiriitii,
- Omisha Baazoolaa,
- Omisha Teeraazoo,
- Omisha Seeraamikii,
- Omisha jipsamii,
- Omisha meeshaalee ijaarsaa fi industiriiwwan meeshaalee ijaarsaa birooti





## Hojii Albuudaa

- Omisha Marbilii fi Giraanaayitii
- Omisha albuuda warqee fi dhagaa/albuuda gati jabeesa,
- Omisha dhagaa cirrachaa fi
- Omisha albuudaa kanneen biro,

## Induustirii Tuuriizimii

- Dhiyeessii meeshaalee tajaajila tuuriizimii kennuuf gargaaran. Fakkeenyaaf konkolaataa, bidiruu fi kanneen biroo ni caqafamu.
- Eegumsa fayyaa fi hojiiwwan qulqullina eeguuf gargaaranii fi dameewwan mootummaan dursi kenname dabalatee.

## Tooftaalee Tajaajilli faayinaansii lizii itti kennamu

Baankiin Misooma Itiyoophiyaa bifa armaan gadiitiin tajaajila liizii/bittaa maashinaa ni kenna.

## Liizii Haaraa

- Baankichi pirojektoota haaraa yookan Intarpiraayizoota gara giddugaleessaatti cee'aniif tajaajila ni kenna.
- Baankichi bittaa meeshaalee wayita gamaaggamaa dagataman, adeemsa bittaa keessatti irra utaalaman, sababa garaa garaatiin miidhaan irra gahe yookaan cufa dagatamaniif faayinaansii dabalataa ni dhiyeessa.

## Gaaffii pirojektii babal'isuuf dhiyaatu

Baankichi pirojektii hojiirra jiru ta'ee gaaffii babal'isuu keessummeessuuf;

- Maamiltoota Baankichaa ta'anii waggoota lamaan walitti aansuun raawwii hojii fi faayinansii milkaa'aa qaban; akkasumas gabaasa odiitii waggoota lamaan darban walitti aansuun guyyaa gaaffiin kun dhiyaatee asitti dhiyeessaniif deebiin ni kennama.
- Maamiltoota haaraa gaaffii piroojektii babal'isuu dhiyeessaniif pirojektichi bu'a qabeessa ta'uusaa qorannoo mirkaneessu bifa piroopoozaalaatiin dhiyeessuu.

## Maamila ta'uuf ulaagaalee guutuu barbaachisan;

- Tajaajila kana argachuudhaaf akkaataa bu'uura poolisii Baankichaa fi hanga kaappitaalaa tajaajilichi gaafatu guutuun murteessaadha.
- Dhimmamaan tajaajila kana gaafatu /Lessee/ karoora biizinasii, akkasumas sanadoota

barbaachisoo ta'an akka dhiyaataniifi qajeelfama tajaajila faayinansii liizii keessati tarreeffaman dhiyeessuu qaba.

- Maamilli gaaffii kana dhiyeessu lammii Itoophiyaa yookiin lammii biyya alaa ta'ee dhaloonni isaa/ishee Itoophiyaa ta'ee/taatee yoo xiqqaate waggaa tokko darbeef biyya keessa kan jiraate ta'uu qaba.
- Maamilli gaaffii kana dhiyeessu baasii waliigalaa piroojektii liizii keessaa yoo xiqqaate %20 akka baasii hojii geggeessituutti lakkoofsa herregaa kaayyoo kanaaf saaqamerratti herrega soch'uu hin dandeenyerratti galchuun dirqama ta'a.
- Maamilli tajaajila kana gaafatu bakka hojii/bakka maashinni dhaabatu gahaa ta'eefi dhiyeessii bu'uuraalee misoomaa argachuu danda'u qabaachuusaa mirkanessuu dan'uu qaba.

## Hojimaataa fi adeemsa faayinaansii argachuuf dandeesisan

Tajaajila argachuuf qorannoo/gamaaggama gahumsa mirkaneessan taasisuu.

Baankiin Misooma Itoophiyaa liqaaf gahumsa qabaachuu, maallaqa gahaa qabaachuu yookaan qulqullina/amanamummaa kireeffataa mirkaneessuuf qorannoo barbaachisaa ta'e ni taasisa.

## Gamaaggama

Baankichi dhimmoota teekiniikaa, haala gabaa, faayinaansii, bulchiinsaa fi hawaas-dinagdee irratti bu'a qabeessummaa piroojektichaa mirkaneessuuf gamaaggama ni taasisa.

## Mirkaneessa Qulqullinaa fi To'annoo

Gabaasni gamaaggama liizii garee/koree mirkaneessa qulqullinaa fi to'annoo of danda'een guutuu ta'uunsaa mirkaanaa'uu akkasumas sadarkaan qulqullinaa fi sirrummaansaa ilaalamuu danda'uu qaba.

## Mirkanessa Liizii

Gabaasni piroopozaala liizii gamaaggamamee akkaata hojimaata jiruun qaama walaba ta'ee ykn koree sadarkaa Distiriiktii ykn Dameetti argamanii fi faayidaa addaatiif hin bitamneef dhiyaatee akka mirkanaa'u ta'a.

## Waliigaltee Liizii fi Sanadoota dhimma kanaaf barbaachisoo ta'an

- Adeemsi faayinaansii liizii xumura kan argatu waliigaltee Baankii Misooma Itoophiyaa fi kireeffataa maashinaa gidduutti mallattaa'uun ykn raawwatamuun ta'a.
- Waliigalteen faayinaansii liizii kan raawwatamu bakka qaamolee dhimmicha ilaallatuu fi qaamni mootumaa argamanitti ta'a.

## Bittaa Meeshaalee Kaappitaalaa /Capital Goods Procurement/

- Bittaan meeshaalee kaappitaalaa kan raawwatamu akkaataa filannoo kiraaffataan ulaagaa baasee dhiyeesseen /specification on the machinery/ ta'ee waliigaltee qaamoleen lamaan maqaa Baankiitiin godhaniin ta'a.
- Baankiin fedhii maamiltootaarratti hundaa'ee meeshaalee kaappitaalaa jumalaan /bulk urchase/ bituu danda'a.
- Bittaan kan raawwatamu biyya keessaa yoo ta'e, Baankichi wabii baankii (Bank guarantee) haal-duree tokko malee gatii meeshaa kaappitaalaa %30 hin caallee omishtoota maashinaaf yookaan dhiyeessitoota maashinaf dursee kanfaluu ni danda'a.
- Baankiin meeshaalee kaappitaalaa tajaajila kennee fi qaamni sadaffaan itti fayyadameef liqaa hin kennu ykn maamilaaf hin bitu.
- Gatiin waliigalaa faayinaansii liizii; baasii inshuraansii/baraarsa/, gatii maashinni ittiin geejibsiifamu akkasumas bakka qophaa'etti baasii maashina dhaabuu/diriirsuu/ dabalatee hanga hojiin eegalsiifamutti adeemsa jiru hunda keessatti baasii ba'u hunda qabaata.

## Inshuuraansii fi Suphaa Maashinaa

- Maashinni faayinaansii liiziin bitame sababa jeequmsaa ykn rakkoon tasgabbii uumamuun manca'insaaf akka hin saaxilamneef maamila maashinicha biteen

/kireefataadhaan/ yeroo turtii kiraa waliigaltee godhameen, maqaa Baankii Misooma Itoophiyaatiin inshuuraansiin galamuu qaba.

• Akkaata gorsa omishtoota maashinii irraa kennamuun kireeffataan maashina yeroosaa eegee suphisiisuu qaba.

• Kireeffataan meeshaalee kaappitaalaa, hanga maashinichi bira jirutti yeroo isaa eegee maashiniin akka suphamu gochuun yeroo hunda iraa eegama.

## Bakka hojii fi Bu'uuraalee Misoomaa

• Mootummoonni naannolee bakka hojii gahaa yookaan sheedii bu'uuraalee misoomaa barbaachisoo ta'an waliin kireeffataa maashinaaf dhiyeessuutu irra jiraata.

• Baankiin bakka hojii kan kireeffataa mataasaa ta'ee tajaajila argachuuf inni dhiyeessu ni fudhata.

• Maalummaa piroojektii irratti hundaa'uun Baankiin bakka hojii kiraadhaan dhiyaatu ni keessummeessa.

• Baankiin bittaa maashinaa raawwachuun dura akkaataa waliigaltee (specification) irra taa'een dhiyaachuu isaa sakatta'aiinsa gahaa gochuun mirkaneessuu barbaachisa.

• Baankiin maashina bitee kiraadhaan kireeffataadhaaf erga kenneen booda haala itti maashinichi irra jiru hordoffii garaa garaa taasisuun nageenya isa mirkaneessuu qaba.

- Baankiin yaadota/gorsa adeemsaalee hojii irraa kennaman hojiirra oolchuuf qophii ta'uu qaba.

## Dhimma Faayinaansii fi qabiinsa galmee Herregaa

- Baankiin kireeffattoonni hundi galmee herregaa fi sanadoota barbaachisoo biroo ta'an haala sirrii, yeroonii fi guutuu ta'een akka qabaatan ni taasisa.
- Kireeffataan gatiin meeshaalee kaappitaalaa Birrii miliyoona shan yoo caale ibsa faayinaansii/herregaa odiitii ta'e akka dhiheessu ni ta'a.
- Baankichi galmee faayinaansii, bakka pirojektii akkasumas bulchiinsa pirojektii yeroo yeroon sakatta'uuf mirga guutuu qaba.
- Kireeffataan waliigalteen liizii erga mallattaa'ee booda, herrega /current account/ Baankii waliin ni bana.

## Liqii Hojii Geggeessituu /Working Capital Loan/

- Kireeffataan liqii dabaalataa hojii geggeessituu Baankolee daldalaa irraa wabii dhiyessee liqeeffachuu danda'a.
- Baankiin maamiltoota waggoota lamaa asitti hojii bu'a qabeessa dalagaa jiraniif yookaan raawwii gaarii qabaniif liqaa hojii geggeessituu yeroo gabaaba kennuu danda'a.

## Haala kaffaltii kiraa maashinaa /Liizii/

- Yeroon turtii kaffaltii kiraa maashinaa galii fi baasii /cash flow/ tokkoon tokkoo piroojektootaa akkasumas umurii dinagdee maddisiisuu maashinaa irratti kan murtaa'u ta'a.
- Kafaltiin kiraa maashinaaf kan kanfalamu kurmaan kurmaanaan qoodamee ta'a.
- Yeroon turtii kiraa maashinaa yeroo haara galfii dabalatee /grace period/ waggoota torba caaluu hin qabu.
- Kafaltiin tajaajila /service charge/ guyyaa maashinni hojii eegalee kaasee hanga yeroo haara galfiitti /grace period/ jiru kurmaana kurmaanaan qoodamee kaffalama.
- Tajaajila faayinaansii liizii kennuudhaaf akkaataa amma hojiirra jiruun %11 hanga 11.5% dhalli ni kafalama.

## Yeroo haara galfii /Grace period/

- Baankiin kireeffataadhaaf yeroo haara galfii /grace period/ kan kennu guyyaa pirojektichi hojii eegalee kaasee yoo ta'u, yeroon turtii haara galfii ammoo guyyoota 180 caaluu hin qabu.

+251 11 551 118/9
Josef Tito St., Addis Ababa, Ethiopia
dbe@ethionet.et
www.dbe.com.et

@developmentbankofethiopia
Development Bank of Ethiopia
@DBE_Ethiopia
dbethiopia
@dbe_ethiopia

BAANKIIN MISOOMA ITOOPHIYAA
MICHUU MISOOMA KEESSANII!